faaruun kan Rabbii shira isaa waswasaatti deebiseeti

Ibnu Abbaas irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Namtichi tokko gara Nabiyyiitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhufuun akkas jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii, tokkoon keenya waan isa dubbachuu irra daaraa ta'uun isa birattti irra jaallatamaa ta'etu lubbuu isaa keessatti itti dhaga'ama -waan afaaniin dubbachuun isatti ulfaatu wohiitti akeekee-, ergamaanis ni jedhan: "Rabbi guddate, Rabbi guddate, faaruun kan Rabbii shira isaa waswasaatti deebiseeti".

[sirrii] [abuu daawud, nasa'iin kubraa keessatti odeessan]

Namtichi tokko gara nabiyyiitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhufuun akkas jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii, tokkoon keenya dubbii lubbuu keessa deddeemutu wohiitu lubbuu isaatti dhag'ama garuu isa irraa dubbachuun ulfaataadha, sadarkaa isa dubbachuu irra daaraa ta'uun isa biratti irra jaallatamaa ta'utti, Ergamaanis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yeroo lama takbiiraa jechuun Rabbiin shira shayxaanaa waswasaa qofatti deebisuu isaatiiif Isa galatoomfatan.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/65012